Namni gara masjiidatti ganama deeme ykn galgala deeme Rabbiin yeroo inni ganama ykn galgala deeme hundatti Jannata keessatti bakka qubsumaa isaaf qopheessa

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni gara masjiidatti ganama deeme ykn galgala deeme Rabbiin yeroo inni ganama ykn galgala deeme hundatti Jannata keessatti bakka qubsumaa isaaf qopheessa».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- ibaadaaf ykn beekumsaaf ykn kaayyoo gaarii biroof yeroo fedhetti; dura guyyaas ta'ee booda isaa keessatti nama gara masjiidaa dhufe Rabbiin Jannata keessatti eddoo fi keessummummaa dhugumatti kan isaaf qopheesse ta'uun isa gammachiisan, sunis halkan ykn guyyaa keessatti yeroo inni masjiida dhufe hunda.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5436